

Sanyicha Bofaa

JEEFARSANVIILEE,IN
Fulbaana 27,1958 A.L.A

1 Yaa waaqayyoo,ati waaqayyoo guddaa fi humna olaanaa kan qabdu,wantoota hundaa humna hafuura Isaatiin kan uume; fi ilma jaalatamaa Isaa tokko, kan nuti warra cubbamtoota taaneef fedhaan du'e, dharaaf dhugaa kan ba'e, Yesuus Kiristoos nuuf kenne, gara waaqayyoo duubatti deebinee waldaa dinqii ta'e akka raawwannu nu araarsuuf. Sagalee eebbifamaa ta'e keessatti akka barannetti, uumamuu biyya lafaatiin dura Isa wajjiin waldaa adeemsii turre. "Yommuu addeewwan ganamaa wajjiin faarfatani fi ijoolleen waaqayyoo uumamuu biyya lafaan dura irraa eegalee gammachuuf iyyaa turan." wareegamuun hoolichaa yeroo walfakkaataan akka hin taane; waaqayyoo xinxaluu guddaa Isaa keessatti, fayyummaa keenya kan Yesuusiin arganneen yommuu gammachuun iyyinu nu arguu Isaa akkamitti beeknaa!

Akkasumas galgala kana, ulfina qulqulluu guddaa dhufiinsa Isaa isa lammataatiin ibsamuuf muuxannoo duraa qofa qabna.Dhukkubaafi gadadoonis wajjuumaan ni badu. Sana booda nutis akkuma jiruun Isa arguu waan danddenyuuf, qaama qulqullu ulfina qabu akka qabaannu nu dandeessisa. Asitti harki keenya huqqachaa deemuus, dabbasaan mataa keenyaa addaachaa deemus,gateettiin keenya dhaabbatus, garuu nuti gara lafaa mataan keenya itti gombattetti deebitoota ta'uu keenya ni beekna. Garuu, Yaa Gooftaa waaqayyoo, akkuma dhugaadhumatti Waaqayyoo taatetti, bara dhumaatti du'aa akka kaa'uu waadaa nuuf galtee jirta, sanattis ni amanna.

2 Akkasumas waaree kana mataa keenya gadi qabannee argamuu kee keessa ni taana, kana hunda gooftaan keenya Yesuus waan nu dandeessiseef. Wanta gaarii nuti hojjanneen osoo hin ta'in, wanti gaariin nuti hojjanne tokkos waan hin jirreef, garuu of dhiiqqeessinee wanta Inni eebbaa Isaatiin nuuf raawwateen gara Isaatti ni dhiyaanna. Kanaafuu yaa waaqayyoo, galagala kana yeroo sagaleen Kee dhubbifamutti akka nu eebbiftu Si kadhanna. "Ilmi namaa kan jiraatu nyaata qofaan osoo hin ta'in, sagalee Afaan waaqayyoo keessaa bahuunis malee" jedhamee waan caafameef. Kanaafuu waaree kana afaan waaqayyoo kan dubbatu haa ta'u.Sagaleen Kee gara onnee Keenya, dhageeffatootaati kan seenuu fi hafuura keentiin kan guutamnu haa ta'u. Kana hunda maqaa Goofta Yesuusiitin gaafanna. Ameen.

3 Har'aa fi kaleessa, kaleessa galgala irraa eegalee mata duree Nuti maaliif qoqooda amantaa ta'uu dhabnee jedhu irrattii dhubbachaa turre. Sana irrattis hedduu jabeessuudhaan,nuti maaliif qoqqoodamtoota amantoota ta'uu dhabne fi maaliif qoqqoodamuu amantaattis amanuu dhabnee yaada jedhu irratti dubbachaa turree jirra. Sababni isaas, macaafa qulqulluu irrattai akka hubannutti,qoqqoodamuun amantaalee gonkumaa kan waaqayyoon hin muudamne ta'uu isaati; seexanaan kan muudame ture, kunis macaafa qulqulluudhaan kan mirkanaa'ee dha. Akkasumas qoqqoodamuu amantaaleetiin hammam dogoggorri akka uumamee dha. Amma nuti isa kan dubbachaa jirru waldaan kun sagalee eebbifamaa waaqayyootiin akka waaqeffatu sirreessuudhaaf. Abdiin Keenyas wanta dhaabni amantaa jedhu yookaan immoo wanta namni biraa jedhi irratti kan hundaa'uu osoo hin ta'in wanta Goofataan waaqayyoo jedhe irratti kan hundaa'uu dha. Kuni immoo yeroo kamiyyuu karaa itti sirreeffamuu dandeenyuu dha.

4 Ganama kana immoo barreeffamoota gara garaa dhaabbatoota amantaa biroo keesaa bahan, gonkumaa macaafaa qulqulluu keessatti hin tuqamne, waldaaleen Pirootestaantii sagadanii fi barsiisan,shan nan qaba; ijjituu haadhoo pirootestaantii duriin wal fakkaatu, kan waldaan Kaatolikaan lallabamee gara waldaa Pirootestaantiitti dhufee jira.Nutis haaluma walfakkaatuun wanta hundaanuu sagalee waaqayyoo keessatti fallaa ta'eef sagadaa jirra.

5 Gareen dhaaba waldaa inni duraa, waaree kana waldaa Nisinii keessatti waayee seenaa abbootii Nisinii(Nicene) ilaaluu dandeenyee jirra.Du'a hawaariyaatootaatiin, abbootii Nisinii kan jedhaman dhufan, isaaniis baroota hedduuf jiraatan. Waggoota dhibba sadiihi fi digdamii shaniif jiraatanii, dhuma irratti gara Nikiyaa(Nicaea), Fraansitti, bakka Kaawunsilii Nisinii guddaa godhatanitti dhufan.Iddoo sanattis barsiisa guda waldaa Kaatoolika ammaa kana achitti hundeessan, yeroo boodas gara waldaa Pirootestaantiitti gadi bu'ee jira.

6 Barsiisa koo kan ganama har'aa keesatti akka dubbadhettis, "baroonni waldaalee

amantaa kunniin tokkoo tokkoon isaanii, hanga bara waldaa Tasaloonikaatti, baroota dukkanaa kumaa fi dhibba shanii sana keessatti, yeroon tokkos hin turre wanta Inni, 'Isin hanga ammaatti maqaa Kiyya qabdu, kan jedhe malee.'"

Garuu gama kanaan immoo, Isaan Kiristoosiin turuu hin dandeenye ture, maqaaoqqoodaamantaaleebirootiinkanakka, "Kaatoлика, Lutar, Wiislii, Cuuphaa, Riispiteeriyaanota, Pheenxeqosxee," jedhaa gadi laakka'aa dhufan.

Garuu, dhumachuu barichaatiin dura, Inni akkana jedhe, "balbala banaa isin fuuldura nan kaa'a." Ilaaltanii? inni kunis akka amanutti bara balbala banaa nuti amma keessa jirruu jennee amanuudha, walakkaa bara dhuma Laawudeeqiyaa keessatti.

7 Kana malees sirriidhumatti Kaawunsilii Laawudeeqiyaatiif waggaa dhibba sadihii fi diigdamii shan ta'ee jira. Baroota kanneen keessattis wantoota kan akka bishaan firfirsuu, bishaan gubbaa gadi naquu, fi cuuphaa sobaa, hafuura qulqulluu sobaati fi wantoota biroo hunda uuman. kanas ni dhaalan.

Sana booda, Lutar lallabaa ta'uun amantaa kaatolika keessaa yeroo ba'etti wantoota kanneen wajjuumaan walqabsiisee fide. Sana keessaas Ziwiingiliin dhufe, Ziwiingilii keessaa immoo Kaalviiniin dhufe, Kaalviin keessaa Weesliin bahe, oh, akkas jedhaa gadi dhufe. Isaanis caluma jedhanii barsiisota kanneen gadi fiduu itti fuufan. Waaqayyoo immoo akkamitti waldaa Isaa barsiisuu danda'a, bakka isaan karaa Inni gonkumaa itti hin agarsiifne hordofaa osoo jiran?

8 Akkasumas yaadadhaa, mu'ata 17 keessatti, "Dubartii sana," ni argina. Jechoonni kunniin qajeeloo dha. Macaafa qulqulluu keessatti barreeffamanii waan jiraniif, dubbachuu nan danda'a jedheen yaada. Dubartittiin kun, "Ijjiituu" ta'uun ishee dubbatamee jira. Kana jedhuun immoo isheen dubartii maqaa badaa qabduu taatee; heerumuudhaan, addunyaa wajjiin sagaagalummaa adeemsiftuu dha. kanaafuu isheen, "HAADHA IJJITOOTAA," waan taateef ijoollee durbaa ni qabdi jechuu dha. Nutis akkaataa teessuma lafaatiin fakkeessinee jirra, achi keessatti of teesisuun, anummaansagalee waaqayyootiin walfakkeessuun, barsiisa isheetifi wantoota hunda ilaaluun, akka ani amanutti waaqayyoo sirriidhumatti sirreessee jira jedhee nan amana, kunis immoo Waldaa Kaatolikaati malee kan biraati malee kan biraati miti. Karaan ta'uu danda'u tokkochis kanuma qofa. Ishee keessaas maaltu dhalachuu danda'ee? Amantaa kaatolikaati. dhugaadhumattis wanti raawwate kanuma.

Harka ishee keessattis sagaagaltummaa isheetiif birciqqootti waynii naqattee harkatti qabatee, mootota biyyaa lafaatiif kennaa turte. hafuuraan yommuu dubbanus, isheen bulchaa biyyaa lafaa hundaa turte. kuni immoo dhugaa dha. Wanti biraa hin jiru...

9 Ilaalaa, duubatti gara Daani'eel deebinee fakii isaa argachuu ni dandeenya. Fakicha ilaalaa: maticha warqii, mootummaa Baabiloon; albuuda birrii yookaan meetii, Meedas yookaan Peershiyaa; meetii, Aleksaandari guddicha fi kkf; mootota Griikii, boodas Impaayera Roomaa, Roomaa bahaa fi dhihaa, luka lamaan.

Hubachaa, mootota kurnan kanneen keessatti, kan sirriidhumatti gaanfota kurneen ganama kana irratti dubbachaa turre keessaa kanbahan, mootummoota kurnan ka'uu qabaatan kanneen tokkoo tokkoon isaanii keessatti, albuunni ayranii fi biyyeen walitti makamee ture. Ayranii luka Roomaa iraa dhufe. Kanaafis amallii Roomaanummaa biyyoota samii jala jiran hundaa keessatti sababa amantaa Kaatolikaatiin makamee jira. Kuni immoo sirriidhumatti dhugaa dha. Kana booda immoo makuu hin danda'an.

10 Akkasumas walkeessa heerumanii jiru. Macaafni qulqulluun akkas jedha. Yeroo ammaa immoo isaan ilaalaa. Ilmi keessan durba kaatolika wajjiin ni deema; yeroo wal fuudhuuf jedhanis, daa'ima kaatolika isaanii guddisuuf waadaa walii galu, ilaalaa, faallaa dha. Ilaalaa, inni tokko humna isa biraa cabsuu dha.

Garuu inni maalii dhaa? macaafni qulqulluun wanta hundaa sagaagaltuu jedha. Amma maal gochuuf jirtuu? sun sirrii dha. Cubbuun namootaa haala kamiin daawwatamaa... duubatti gara seera keessa deebii deemnee, daa'imni seeran ala ta'e, daa'imni we'eela ta'e sun dhaloota kudha afuriif waaqeffannaa Gooftaatti seenuu hin dandeenye ture. Inni sun seera jala ture. Kiristoos immoo seera cimsuuf dhufe. Amma immoo hamman sana caalaa dhaa?

11 Akkasumas balali'oota xixixqqoo daandii irraa kanneenitti maaltu ta'aa jiraa, dubartoota xixinnoo tamboo xuuxota, uffata gaggabaaboo uffatan, mataa ofii mimicciraa olii gadi fiffigan kanatti kkf itti maaltu raawwatamaa jiraa? maaltu raawwatamaa jiraa?

kunis sababa haati isaanii raawachaa turteefi dha. Kunis jeequmsa dhaloota tokkoo irraa gara dhaloota biraatti tarkaanfatee dha. Kuins maalummaa isaati. Nuti wanti arganne maali? walitti makamuu cubbuu heddu malee bakki gaariin bira geenye tokkos hin jiru.

12 Yeroo sana sababni waaqayyoo Raashiyaa boombii atoomiidhaan ishee barbadeessuuf, akkuma Inni bara dhumiinsa lolaa durii sanatti dumeessa kaasee turetti ishees kaasee ture. Sirriidhumatti Inni kana raawwatee jira. Macaafni qulqulluunis akkanuma jedha. Raashiyaan, akkabiyyaa waaqayyoootti amantuutti, humna olaanaan harka waaqayyoootti taphachaa jirtuu dha. mootichi Nebuchaandineezar biyyi israa'eli waaqayyoo wajjiin tarkaanfachuu dhabuu isheetin akkuma barbadeessuu barbaadetti, Raashiyaanis, "qulqullaa'otaaf haaloo ba'uuf," dhiiga qulqullaa'ota amantaan kaatolika jigsiteef kaatee jirti. macaafni qulqulluun akkas jedha. Wanti hundi raawwatamuuf jira.

13 Kanaafuu as ilaalaa, haatii isaanii durba faarfattuu yoo turte, akaakayyuun isheetii fi haati ishee immoo faashiniin kan of hafarsitu yoo turte, yeroo ammaa isheen maalii dhaa? sirbituu rookie fi roolii saalfachiiftuu dha. fuulduraaf ijoolleen ishee maal ta'uu?

Isin immoo, "Waaqayyoo isa kana ni raawwataa"? jettanii gaafattu, eetyyee kabajamoo.

Waaqayyoo cubbuu daa'immanii, kan dhaloota hanga dhaloota kudha afuriitti ni laakka'a. waaqayyoo ol guddisuuf yoo dhufe immoo, nuti, "hanga dhaloota dhibba tokkoo yookaan dhaloota dhibba shan," jechuu ni dandeenya. maaliif, akka Inni jedhetti, "Hin ajjeesin, namni yoo nama ajjeesse abbootii furdii duratti itti ni faradama jedhamee warra duriitti akka himame dhageessanii jirtu. Ani garuu isinittan hima, eenyullee obboleessa isaatti yoo dheekkame, abbooti firdii duratti itti ni faradama. Hin ijjin jedhamee akka himame dhageessaniittu, Ani garuu isinittan hima, namni dubartii ilaale garaa isaatiin ishee ijjeera." gudisuun maalii dhaa? wanta tokko si'a baay'ee ol guddisuu dha. seera jalatti dhaloota kudha afur yoo ture, yeroo ammaa haaluma walfakkaatu irratti hammam fudhata ree?

14 Dargaggoonni, namoonni umrii walakkaa fi namoonni fuudhan waadaa fuudhaa fi heeruma isaani irratti seenaniif kabaja hin qaban. maaliif yoo jettan, akkuma saree baratamteetti dubarti takka fidanii caluma jedhanii bakkuma barbaadanitti jiraatu. Namoota tokko tokko caalaa, saronni amalaa fi kabaja gaarii ni qabu. jechi kun ulfaataa akka ta'e nan beeka, garuu dhugaa dha.

Maaliif? waldaaleen yeroo ammaa dhimma kana irratti yaada hin kennan. maaliif? gochuma haati isaanii raawachaa turte raawwachaa waan jiraniif dha. Waldaaleen amala kana dhaalanii jiru. sababni isaas waldaaleeni fi amantaan Kaatolika amantaa kaatolika keessaa waan bahanii fi cubbuun amantaa Kaatolika pirootestaantota irra waan bu'eefi dha. dhugaadha, otteen looniin, "xuraa'aa" jedhee waamuu akkuma hin dandeenyetti. kun sirriidhumatti dhugaa dha.

15 Amma, sagalee waaqayyoo keessaa akkuma hubanutti...galgala kana immoo yaadannoo xarapheezaa kana irratti hin argine. "bakka waaqayyoo dhaabbata amantaa itti muude natti agarsiisaa. bakka waaqayyoo lallabduu dubatii itti muude natti agarsiisaa. bakka waaqayyoo bishaan firfirsuun cuuphuu itti muudee natti agarsiisaa. Bakka waaqayyoo waay'ee bishaan gubbaa gadi nama irratti naquun cuuphuu itti muude natti agarsiisaa. Bakka namni kamiyyuu maqaa 'Abbaa, Ilmaa fi Hafuura qulqulluutiin' cuuphame waaqayyoo beekuu Isaa bakka itti dubbatu natti agarsiisaa. Wantoota kanneen barbaadaa." Garuu nuti isaan kanneen dhaabbatatti yeroo hundaa ni raawwanna. Inni kun waldaa keessa qofa jira.

16 Garuu ani amma akkana jedhe, "Ilaalcha keessaaniin sababni hin cuuphamneef, nuti maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin waan cuuphamnuufi dha. Macaafa qulqulluu keessatti, karaa biraatiin namni cuuphame gonkumaayyuu hin jiru. Macaafa qulqulluu keessatti, bakka namni tokko iyyuu maqaa, 'Abbaa, Ilmaa fi Hafuura qulqulluutiin' cuuphamee yoo jiraate natti agarsiisaa, anis harka koo olbaasee, ani raajii sobaati ni jedha."

"Akkasumas macaafni qulqulluun dirqamatti Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamuu qabda yoo jedhe, isinis haala sanaan raawwachuu qabdu jechuu dha. Phaawulosis haala sanaan isaan ajaje. Hammamii iyyuu karaa biraatiin cuuphamanis, irra deebi'anii cuuphamuutu isaan irraa eegama ture. Namuma Gooftaa Yesuus Kiristoosiin cuupheen isaaniis cuuphaman, innis Yohaannis qulqullicha ture. Innis akkana jedheen, "Inni sun faayidaa hin qabu. As dhuftanii irra deebitanii cuuphamuu qabdu."

Isaanis hafuura qulqulluu fudhachuu isaaniitin dura raawwachuu qabu ture. Kunis sagantaa waaqayyoo ture."

Akka tasa, galgala kana, kana caalaa xinnoo ishee gadi fageessee deemuu ni danda'a. Maaliif? Yesuus sagalee Isaa ni eega. Kanatti amantuu? ganama har'aa kana hundi keessan asitti argamuun keessan gaarii ta'us, ani garuu dhimma kana irratti xinnoo ishee hundee isin qabsiisuu nan barbaada.

17 Lallabni erga raawwateem booda phaawuloos ajajuun maaliif barbaachisee? Phaalulos "Qulqulluun iyyuu samii keessaa dhufee, wangeela biraa osoo barsiisee, kan abaaramee haa ta'u," jedhe.

Amma isin, "kana irratti ifa xinnoo argannee jirra," jettu. Garu, if hin arganne. Inni sun wanta seexanni ifa xinnoo haarawa ta'e qabatee gara Hawwaatti dhufee dha. Ifti haarawa ta'e isin hin barbaachisu. Ifa waaqayyoo dursa as kaa'een deemuu qabdu. Wanti isin barbaachisu hundi kana.

18 Amma, hammam salphaa akka ta'e isa kana daawwadhaa. yommuu gaaraa dheeraa irraa gadi dhufanitti, Yesuus, "Namoonni ilma namaatiin eenyu jedhanii gaafatuu?" jedhee bartoota Isaa gaafate.

"Kaan Inni Muusee dha,yookaan Inni Eliyaas raajota keessa isa tokko," jedhu.

Innis, "Isin eenyu naan jettu?" jedhee Isaan gaafate.

Simoon Pheexiroosis deebisee,"Ati masihicha, ilma waaqayyoo jiraataati," jedhe.

Yesuusis, "Yaa Simoon ilma Yoonaa, Ati kan ayyaanomtee dha,kana abbaa koo isa waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne," jedheen. Ilaalaa, saminaara keessaani miti kan dhufu. Dhaabbilee amantaa keessaani miti kan dhufu. "Foonii fi dhiigni kana sitti hin mul'ifne. Mana barnootaa Tiyoooljii keessatti gonkumaa kana hin baranne. Garuu,Abbaan Koo, kan waaqa irra jirutu sitti mul'ise. Anis dhagaa hin sochoone kan irratti Waldaa koo nan ijaara;gooftummaan du'aas mootummaa waldichaa irratti humna hin godhatu, hin moo'us," eenyummaa Isaa hafuuraan kan ibsu.

Hubadhaa, "Anis sittan hima yaa Pheexiroos,banaa mootummaa waaqaa siifan kenna;waanumti ati lafa irratti hiite waaqa irrattis hidhamaa ni ta'a,waanumti ati lafa irratti hiikte immoo waaqa irrattis hiikamaa ni ta'a." amma sagalee Isaa kabajuu qaba yookaan kan hin eegne yoo ta'e immoo Inni Waaqayyo hin turre.

19 Kana erga dubbatee guyyoota muraasa booda,fannoo irra ni oole, du'aa ka'ees gara waaqatti ni deeme, Pheexiroosis guyyaa Pheenxeqosxeetti wangeela ni bane.Kana raawwatee turee? Eeyyee, dhugaadhumatti raawwatee ture. Amma hubadhaa yeroo inni...

Isaanis hafuuraan guutamanii waan turaniif namoonni kaan isaanitti kolfan. Isaanis, "jibbamtootaa fi utaaltoota qulqullummaa," jedhamanii moggaafamaa turan. Kana caalattuu, isaanitti kolfaa, "isaan kun warra wayniin machaayanii dha," jedhamaa turan.

Pheexiroos immoo jidduu isaanii dhaabbatee, sagalee isaa ol kaase, "Yaa obboloota nana, sagalee koo dhagahaa. Jechoota ani dubbadhu dhagahaa. Isaan kun akka isin yaaddanitti warra machaayanii miti;inni kun sa'aa sadaffaa guyyichaati malee. Garuu inni kun wanta raajicha Iyyoo'eelin, 'guyyaan ani hafuura koo gadi itti naqu ni dhufa,' jedhamee dubbatamee fi wanti inni ijoollee durbaa, dhiiraa fi tajaajiltoota Isaa irratti barasana keessatti raawwatuu dha."

20 Yommuus isaan wanta kana dhagahuu eegalanitti, onneen isaanii ni tuqamee ture. Namtichaa ABC hin beekne, garuu immoo isa dhageeffachuun isaanii, wanta wayii keessa isaa keessa,kan isa kakasuu, hafuura qulqulluu qabaachuu isaa isaan beeksise. Isa dhaabsisuu? maaliif jennaan waanuma guyyaa guyyaa bubbisaa ta'e keessatti gamoo goggogaa ta'e irratti ibidda naqu fakkaata. Kana gochuun hin danda'amu. Inni hafuura qulqulluudhaan guutamee ture. Amma immo maal raawwachuutti jiraa?

Isaanis, "Gaariidha, obbolaawwan, amma fayyuudhaaf maal gochuu qabnaa,?" jedhan.

Amma ilaalaa, Pheexiroos,ati furtuu mootummaa waaqaa ni qabda.Ilaalaa?

Yommuus Yesuus guyyaa sadaffaatti du'aa ka'u,furtuuwwan mootummaa waaqaa hin qabu ture. Kana beektuu? Innis, "furtuuwwan du'aa fi qilee qaba," malee kan gara

mootummaa waaqaa geessu hin qabu jedhe, sababni isaas furtuuwwan kun Pheexiroosiif waan kennamanii waan tureef.

21 Innis, "Pheexiroos, waanumti ati lafa irratti hiikte, waaqa irrattis hiikamaa ni ta'a. waanumti ati lafa irratti hiite immoo waaqa irrattis hidhamaa ni ta'a," jedhe.

Amma immoo Inni furtuuwwan qabatee wanta ayyaanome kana addunyaaf banuuf jecha as dhaabbachaa jira. furtuuwwanis harka ofiitiin qabatee jira. Isaanis, "fayyuudhaaf maal gochuu qabnaa?", jedhanii gaafachaa jiru. Amma, abboonni wanta gochuu qabdan irratti wanta kamii iyyuu yoo jedha, waaqayyoo waaqa keessatti mirkaneessuu qaba, aangoo sana Inni kan kanneef yoo ta'e.

Pheexiroosis, "Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus ni fudhattu", jedheen. Dhugaa dhaa? waaqa keessatti furtuuwwan gara karaa biraa, gara haala biraa kan itti geeddaraman sababa kanaan. lafa irratti kan jijjirame, waaqa irrattis kan jijjirame osoo ture, Yesuusis jecha Isaa Pheexiroosiif hin eegu ture. Macaafa qulqulluu keessatti, bakka hundattu cuuphamanii turan, garuu sana boodas Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiinis cuuphamanii turan. Warri sana dura cuuphamanii turanis, kennaa hafuura qulqulluu argachuuf, irra deebi'anii maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamuun isaan irraa eegama ture. Inni sun sirrii dha. Hanga ammaas haaluma sanaan adeema.

22 Kanaafuu, nuti amma cuuphaa maqaa, "Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu", barsiisaa kan jirru yoo ta'e, kun raajii sobaati. Isin miidhuu hin barbaadu garuu waldaan kun dhimma kana irratti qayyabannoo akka qabaatuuf jedheeti malee. Nuti akka tuuta yaada kijibaa qabaniitti miti iddoo kanatti kan walitti qabamne; sagalee waaqayyoo keessatti bakki itti dhaabbanne ni beekna. Ilaalaa, ni beekna. Bakka kamiittu namni maqaa, "Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutiin", cuuphame yoo jiraate akka natti mul'isan nama kamiyyuu nan gaafadha. Amma raajii sobaa fi dhugaa ta'uu isaa dhageeffachuutti jirtuu? sgalee waaqayyoo keessatti barbaadaa. Kun dhimma keessan.

Namni tokko macaafa qulqulluu keessatti, macaafa qulqulluu keessatti, gamtaan amantaa tokko iyyuu bakka itti muudame natti agarsiisaa. Macaafa qulqulluu keessatti, bakka lallabduun dubartii itti muudamte natti agarsiisaa. Dhimmoota hanga ammatti irratti dubbachaa turee kunniin, macaafa qulqulluu keessatti muudamuu isaanii bakka himu natti agarsiisaa. Hin jiran. Gara gamtaa amantaa deemtanii bakka akkas jedhu natti himaa...

23 Gaarii dha, yeroo warri Meetoodisti ka'anitti, waayee qulqullummaa lallabanii turan. Inni sun gaarii dha. Garuu isa kana yommoo raawwatan, qoqqooda amantaa uuman, achi irrattis ni dhaabbate. Sababa kanaaf macaafni qulqulluun, "maqaa ni qabdu", kan jedhu.

Isin, "Ani Kiristaanaa", jettu,

"Gaariidha, garee amantaa kam keessatti miseensummaa qabdaa?"

Isin, "Meetodistii dha", jettu, isin ijjiitoota kaa. "Ani cuuphaa dha", isin ijjiitoota. "Pheenxeqosxeedha," isin ijjiitoota. Waldaa akkanaati miseensummaan keessan.

Kan kiristoosii ta'uutu isin irraa eegama. wanti, "Meetodistii," "cuuphaa," isin jechisiisu hin jiru. Kiristaanaa yoo taatan, kiristaanummaan keessan onneedhaan.

24 Gareewwan amantaa kunniin hundi isaanii daa'imman, daa'imman waaqayyoo kan ta'an ni horatu, kunis dhugaa. Garuu sababa Meetodistii yookaan Cuuphaa ta'uu keessaniin gara jireenya bara baraa ni seena jettani gaafa yaaddan, dogoggora ta'uu keessan beekaa. Nutis sababa kanaaf yaada sana keessaa kan baaneef.

Warri cuuphitootaa maaliif arguu hin dandeenyee?

Namtichaa Meetodistii yeroo darbe barreeffama barreesse tokko gaafadhee ture. Innis, "Nutu wanti si morminu tokko yoo jiraate, Pheenxeqosxee qofa irratti hundoofta," naan jedhe.

Anis, "'nuti', eenyuu?" jedheen.

"Nutu, Meetodistoota."

Anis, "Gaarii dha, wanta gochuuf jiru sittan himaa. Gara magaalaa keetiitti nan dhufaa, atis warri Meetodistii akka deeggaran taasisi", jedheen.

"Oh," jedhe, "dhugumatti kana gochuu hin dandeenyu", jedhe.

Anis deebisee, "Inni kun yaada dhuunfaa kootiti. Ani warra Pheenxeqosxee wajjiin jiraadha, sababni isaas isaan waan itti amananiif. Kun immoo dhugaa dha. Naannawa kana irratti wal gahu. Faayidaa isaa mul'isaa kan jiraan isaan."

Dhiyeenya kana, barreeffa waayee waldaa Pheenxeqosxee gaazexaa jireenyaa irratti barreeffame meeqa keessantu dubbisee? Kunis raawwi bara kana keessatti raawwatamaa jiru keessaa isa guddaa dha. Waggaa tokko keessatti isaan waldaalee hunda caalaa amantoota baay'ee argatanii jiru. Maaliif? dogoggora isaanii keessatti iyyuu, waaqayyoo isaan wajjiin socho'aa waan jira, sababni isaas, dhugaa waan amananii fi dhugaadhaan tarkaanfachaa waan jiraniif. Innis dhugaa dha.

25 Amma, nuti garuu maal gochuutti jirraa? ilaalaa? sababa kanaaf nuti kan garee dhaabbata amantaa kan hin taaneef.

Yommuu yeroo durii, waggaa afurtama dura, yommuu hafuurrii qulqulluun dursa Pheenxeqosxee irratti bu'ee, kennaawwan waaqayyoo keessaa isa tokko kan ta'e, afaan haarawaan dubbachuu eegalani turan. Inni sunis kennawwan waaqayyoo keessaa isa xiqqoo dha. Akka qulqullichi Phaawulos afaan haarawaan dubbatetti, inni sun kennaawwan hunda keessaa isa xiqqoo dha. Battaluma hafuurri bu'e sanattis, isaan, "Oh", "amma argannee jirra", jedhanii dhaabbata amantaalee, kaawunsilii guutuu, kan yeroo ammaa Gurmii waaqayyoo jedhamu kana uuman. "Oh, afaan haarawaan hundi keessan dubbattan malee, kenna kana argachuu hin dandeesan", yommu jedhan waaqayyoo isaan irraa fagaachaa dhufe, bakkuma jiran sanatti akka taa'an taasise. Eeyyee, kabajamoo.

26 Sanuma wajjiin wal qabatee warrii tokkummaan amanani dhufanii, maqaa Yesuusiin cuuphamuu beekan. Isaanis, "Oh, nuuf galee jira," jedhanii gurmaa'an. Wanti isaan raawwatan maalii? waaqayyoo isaan irraa socho'ee bakkuma jiranitti akka taa'an taasise.

kunis, "Eenyullee fedhii yoo qabaate, haa dhufu", kan jedhuuf dha.

Ilaalaa, warrii tokkummaa (Onenees) gara warra walga'ii (Assemblies) hin deeman. Warri Asseembiliilee gara warra tokkummaa hin deeman. Namoota baay'ee bebbeekkamoo isaanii kan ta'an Obboleessa Goosii fi Dr. Poopi fi kan biroos baay'ee isaanii haasofsiisee ture. Namoota baay'ee gurguddoo jedhaman wajjiin taa'ee haasa'ee jira. "Akkamitti raga dura jiru sana akka hayyuutti barsiiftuu?" jedheen.

"Gaariidha," Obboleessoo Biraanhaam," naan jedhe, isaan keessaa tokko, lama yookaan sadeen isaanii amanamoota turan, "Inni sun dogoggora akka ta'e ni beekna, garuu maal gochuu dandeenyaa? amma waay'ee kana irratti wanti dubbannu yoo hin jiraanne, sagantaa keenya hundaa addaan kuta", naan jedhan. Dhugaa dha, sana booda immoo Phaaphaasii yookaan immoo dura taa'aa ta'uun hin danda'amu. Dhimmichi kana.

27 Obboleessa, qarqara irratti kaayyoo xiqqoo ta'e qabaadhee, yookaan immoo muka gaattira jalatti lallabaa dhugaa osoo qabaadhee naaf wayya, dhugumatti immoo dhugaa himaa jiraachuu kee beektee. Namni dhugaa barbaada. Ati immoo, akka Kiristaanaatti waraabii dhugaa waaqayyoo qabaachuu qabda. Waaqayyoo immoo isaaf itti gaafatamaa si gochuuf jira.

Sana booda, maqaa Yesuus Kiristoosiin kan hin cuuphamne yoo ta'e, yookan immoo wantootra kanneen raawwate kenna hafuura qulqulluu kan hin arganne yoo ta'e...

Isin, "Oh, Afaan haarawaan nan dubbadhe", jettu. Sun immoo kenna Hafuura Qulqulluu argatanii jirtu jechuu miti.

Ani ayyaanaan, mortuun, jinni fi wanti biraas afaan haarawaan yommuu dubbatan argee jira. dhugumatti. Kenna hafuura qulqulluu hin arganne, kana immoo ni beektu. Buqqee mataa namaatiin dhiiga dhugaa, jinni waamaa, oli fi gadi wawaraaqaa afaan haarawaan dubbatu. dhuguma. Hafuura qulqulluu hin qaban.

28 Kanaafuu, 'afaan haarawaan dubbachuun keessan', kenna Hafuura Qulqulluu qabaachuu keessan kan agarsiisuu miti. Yommuu hafuurri keessan Hafuura Isaatiin wal simatuu fi firiwwan hafuura Isaa kan ta'an kan akka: Jaalalaa, amantaa, gammachuu, nageenyaa, gadadoo, fakkeenya waaqayyoo qabaachuu, damboobummaa fi amala qabeessummaan isin hordofanii dha. Hafuura Qulqulluu qabaachuu keessan kan beektan

yeroo sana. Waraabbii isaa ofuma of mul'isa.

Amma, sababa miseensummaa Assambilii fi Cuuphitoota yookaan immoo Reespiteeriyaanota ta'uu keessan irratti hirkachuuf yeroo yaaltanitti, maal gochaa akka jirtan argitanii? maqaa ijjitummaa ofiif kennaa jirtu. Kun immoo dhugaadhumatti sirrii dha. Wanta akkasii keessaa bahaa. Isa irraa fagaadhaa. Waldaa keessan keessaa bahaa jechuu kooti miti, kana irratti wanuuma gochuu barbaaddan raawwadhaa. Garuu, "Oh, Reespiteerummaatti", hirkachuu keessaa bahaa. Nuti guyyoota raajiitti hin amannu. Maaliif itti hin amannu? Macaafni qulqulluun dhimma kana ni barsiisa. "Oh, Miseensummaan koo kan waldaa Kiristoosii ti. Isaan guyyoonni raajii darbanii jiru jedhu." Isaan kun raajota sobaati.

Bakka Gooftaan Yesuus Kiristoos waldaaleef humna dhukkubsataa fayyisuu, kan du'e kaasuu fi jinni baasuu itti kenne isinitti ni agarsiisa. Macaafa qulqulluu keessatti Inni Humnoota kanneen waldaalee irra fudhacuu isaa bakki agarsiisuu yoo jiraate nama natti agarsiisu nan barbaada. Maaltu fudhatee? barsiisuma keessan, sagalee waaqayyooti miti, sirrii dha. Hafuurri Qulqulluun ammas hujii isaa, akkuma kanaan duraatti adeemsisaa jira, fuulduraafis ittuma fufa.

Sababni nuti garee amantaa biraa hin taaneef kana, "haala waaqummaa qabaachuuni fi humna waaqayyoo irraa wanta nu dogogorsu irraa maquudhaan." Wantoota akkasiitti hin amannu.

29 Amma, akkamiiti eegalamuu danda'ee? haala kamiin eegale dhimma jedhu irratti hamma dandeenyeen ariifannee, beekuuf yaalii ni goona. Waay'ee Hafuura Qulqulluu caafatoonni caafaman baay'een macaafa qulqulluu keessatti ni jiru.

Dhimmi biraa, "argamuu qulqullaa'ota," karaa warri Cuuphooota amananiin osoo hin ta'in, yaadni kaleessa galagala kaafne tokko ni jira. Miti kabajamoo, warra Cuuphitootaa fi Tiyoorii Kaalvinizimii isaanii wajjiin dhugaadhumatti gargar ni baana. Ani dhugaadhumatti, Warra Reespiteeriyaanota wajjiin walii hin galu. Warra Meetodistoota wajjinis barsiisa Armeeniyaa isaanii irrattis walii hin galu. Eeyyee, kabajamoo. Isaan lamaanuu dhugaa ni qabu, garuu lamaan isaanii gara bakka dhugaan jiru kana dhufuu qabaatu. Asi yeroo baatan, akka nama hin beeknetti taatu, dhugaa dha.

30 Warrii Cuuphitootaas dhufanii, gaa'iloota tokko bishaan keessatti gadi naquun cuuphan; kan cuuphes lallabaa isaanii ture, kudhan keessaa saglan isaanii tamboo ni xuuxuu, diidatti gadi bahanii, kaartaa taphatu, halkan guutuu sirbaa bulu, olii fi gadi fiigaa dhimmoota hanna raawwachaa bulu; dubartoonni hundi uffata gaggabaaboo uffatanii daandii irratti olii fi gadi fiffigu, dabbasaa mataa isaanii akka malee godhanii tamboo xuuxaa socho'u, taphoota gadhee taasisaa, paartii xixiqqoo adeemsisaa bulu. Isa kana Kiristaanumma jettanii waamtuu? Jireenya bara baraa argannee jirra jettanii yaadduu? Haala sanaan gara qileetti ni seenutti jirtu. Waaqa keessatti haala kamiinuu of hin gammachiifan. Dhugaadhumatti hin gammachiifan. Inni jireenya keessan kan bara baraa kan raggaasisuu miti.

Garuu namni tokko irra deebi'ee Hafuura Qulqulluun yommuu dhalate...

Isin warri Pheenxeqosxee immoo, 'sababa olii fi gadi u'utaaltanii fi afaan haarawaan dubbataniif, teessoo waldaa keessatti olii fi gadi fiffigdanis, inni kun qofti jireenya bara baraa kan isiniif kennisiisuu miti. Yaada kana sammuu keessan keessatti hin qayyabattanii. dhugumatti haalli kun hin tajaajilu. sababni isaas, jireenyi dhuunfaa keessanii qofti, waaqayyo wajjiin wal isin simsiisa. Adeemsi kun sirrii dha. Isin kan amma adeemsisaa jirtan garuu sirrii miti. Adeemsi sun jireenya bara baraa kan raggaasisuu miti.

31 Ani garuu wanta tokko isin gaafachuu barbaada. Yaadni nageenya bara baraa jedhamuu jiraa? Macaafni qulqulluun akkas jedha. Hundeeffamuu waaqaa fi lafaan dura maqaa keenya macaafa jireenya hoolichaa irratti katabamee jira jedha macaafni qulqulluun.

Waanuma ganama kana dubbadhe, ammas irra deebi'ee dubbadha. Namtichaan faaruu, "Galgala kana maaqaan haarofti Ulfina keessatti barreeffame ni jira, innis kan kooti," jedhee barreesse ni jira, yaadni isaa gaarii turee, garuu akkaataa caafataatiin sirrii hin turre. Maqaa keessan kan katabamee gaafa fayyitanii yookaan cuuphamtanii miti.

32 Maqaan keessan, akka macaafa qulqulluutti, akka Mul'ata 13, 17 fi isaa olitii,

“uumamuu addunyaatiin dura kan katabamee fi Yesuus Kiristoosis uumamuu addunyaatiin dura ture kan wareegame.”

Akkamitti waaqayyo, Inni jalqabaa fi dhuma hin qabne;akkamitti waaqni jalqabaa fi dhuma hin qabne, dhuma isaa jalqaba irraa kaasee beekuun, akkamitti, cubbuun gara biyya lafaa akka dhufuu, sababa tokko malee, akkamitti eeyyamuu danda'aa?

Wantoota kanaan dura dubbanne tokko tokko yaadachuudhaaf, fayyisaa moo cubbamaa turee kan durse? (namni tokko waldaa keessaa, “Fayyisaa” ture jedhe. Fayyisaa dha, dhugaa dha. Isa kamtu humna guddaa qabaa, fayyisaa yookaan cubbamaa? Fayyisaan cubbuu irraa kan fayyisuu yoo ta'e, Inni aangoo guddaa qaba. Haa ta'u, jalqaba irraa iyyuu cubbuun akka jiraatu maaliif taasisee? Inni fayyisaa ta'uu isaa agarsiisuuf ture. Isa kamtu humna caalaa qabaa, fayyisaa yookaan dhukkuba? [Fayyisaa.] fayyisaa dha, sirrii dha. Dhukkubni akka dhufu maaf godhe ree? Inni fayyisaa ta'uu isaa agarsiisuudhaaf. Waqeffatammaan natti dhagahamaa jira. Eeyyee, kabajamoo, inni kun wanta Inni ittin ibsamuu dha.

Gadadoon akka dhufu sababa kanaaf taasise. Rakkoon akka dhufu sababni taasisees Inni madda gammachuu akka ta'e nutti agarsiisuuf dha. Sirrii dha. Sababni dukkanni uumameef, guyyaan jiraachuu isaa nuuf mirkaneessuuf. Dallansuun akka jiraatu kan taasise, nageenyi akka jiru nu beeksisuuf. sirrii dha. lamaanuu sababaa fi bu'aa dha. Oh, Inni baay'ee dinqii dha.

33 Amma, haala kamiin eegalamee? Hamma dandeenyeen qajeelumaa , galgala kan guutuu isin tursiisuu waan hin barbaanneef, gara dhimmichaatti ni seena. Amma, wanti hundinuu jalqaba ni qaba.

Ani immoo waan tokko isin gaafachuu ni barbaada? dhimma kana uffata jalaa keessan keessa kaa'aa. Bakka baratamaa kanaan dura kaa'aa turtan keessa kaa'uu hin qabdan. Sirrittis dhageeffadhaa.

Isin uumamaa jireenya bara baraa qabdan yoo taatan, gonkumaa jalqaba hin qabdan yookaan immoo gonkumaa dhuma hin qabdan. Jireenyi bara bara sagalee waaqayyoo, “Isa jalqabaa fi dhuma hin qabne,” irraa waan dhufuuf.

Isa kana hin yaadattanii? gaafa tokko Abrahaam mootota tokko rukutees moo'atees utoo deebi'uu Malkasedeq karaatti itti adeemee isa deebise, yaada jedhu ganama kana dubbadhee ture. Macaafni qulqulluunis, Ibroota 7 keessatti, “Leeviin kudhan keessaa tokkoo yeroo luba abbaa isaa Abrahaam keessa turetti Malkesediqiif kafaluu isaa ni dubbata.”Abrahaam irraa Isaaqa dhalate;Isaaq irraa immoo yaaqob dhalate;Yaaqob irraa leeviin dhalate. Inni kunis Abbummaa, akaakayyummaa fi abaabayyummaan bakka bu'ama. Macaafni qulqulluunis kudhan keessaa tokko Malkesediqiif kafaluu isaatiif ulfina kenneefi jira. Waay'ee jireenya bara baraa dubbadhaa, Yaa,waaqa!

34 Inni gonkumaa, “gaadidduudhaan raawwadhe;humna waan qabuuf kafale,” hin jedhu. Macaafni, “Inni kudhan keessaa tokko ni kafale,” jedha. Ameen.

Kanaafuu, sanyii sirrii keessaan kan dhufne yoo ta'e, yeroo Abrahaam wangeela lallabu anaa fi isin achi jirra. Daqiiqaa muraasa keessatti gara dhimma kanaatti ni seena, gurra keessan qaradhaa. Hubadhaa, macaafni qulqulluun duri irraa iyyuu eegalale kana nuti hima.

Mee yaadaa! Leewwii;sana booda, Yaaqob Abbaan isaa; itti aanee Isaaq, abbaan isaa; itti aanee Abrahaam, abbaan isaa; abaabayyuu isaati. Yommuu Leewwin luba abaabayyuu isaa jala turetti kudhan keessaa tokko Malkesediqiif kafale.

35 Wanta tokko isin gaafachuu barbaada. Inni Iyyoob 27...38 keessa jiru kun eenyuu, yommuu, “Hundee lafaa yeroo hundeessuu ati eessa turtee? addeewwan ganamaa yeroo faarfatani fi ijoolleen waaqayyoo gammachuun iyyanitti? Ijoolleen waaqayyoo kan gammachuuf iyyan eenyu turanii? Yesuus, “Uumamuu biyya lafaatiin dura ani isin wajjiin gammadaa ture,” jedhee isaaniti hime. Nuti yeroof kan uumamnee miti, jireenya bara baraatiif kan dhalannee dha malee.

“Abbaan koo isatti mul'isu malee, eenyullee gara koo dhufuu hin danda'u. Isaan gara koo dhufan hundi jireenya bara baraa ni argatu, bara dhumaattis ni ka'u. Eenyullee harka Abbaa koo, Isa naaf kenne keessaa kan isaan baasuu hin jiru.” Haala kamiin dhabduu?

Argitanii ni sodaattu. Naannawa kanattis ni sochootu. Kophaa keessan eessa illee

ga'uu akka hin dandeenye, addunyaa keessatti inni kun raga guddaa dha. Kun dhugaa dha.

36 Akkamitti isin fayyisuu danda'aa osoo waaqayyo...

Waaqayyoo dhuma kan hin qabaanee ta'uu Isaa mirkaneessuuf meeqa keessantu waldaa kana keessatti harka baasaa? Hiikkaa jecha dhuma kan hin qabnee beektuu? kunummaan qofti sirrii dha. dhuma kan hin qabne, hiikkaa jecha kanaa ibsuu hin dandeessan.

Kameraa keessan dhuma kan hin qabne irra gootanii beektuu? maaliif, kun jechuun asirraa eegalee itti fufa jechuu dha. Gaarii dha. Sana booda itti hin cinqamtan.

Haa ta'u, maalummaan waaqayyoos akkasuma. Inni dhuma hin qabu. Inni dhuma kan hin qabne yoo ta'e immoo, soonsi, tisiisni, tafkiinii fi injiraan jiraachuu hin danda'an ture, yookaan wantoonni biyya lafaa irra jiraatan hundi hin jiraatan ture, garuu Waaqayyoo uumamuu biyya lafaatiin dura akka jiraatan kan taasissee dha malee. Dhuma qabaachuu dhabuu irratti yaadni ni jira.

37 Gaarii dha, Waaqni Inni dhuma hin qabne har'a isin fayyisee, akka torbee itt aanuu, ji'a itti aanuu, yookaan bara itti aanu isin gatuu Isaa beekuun yoo ta'e, Kaayyoo Isaa kan duraa dhiisaa jira jechuu dha. Isin hin dhabu. "Inni jecha Koo dhagahee fi kan ana ergetti kan amanu hundi jireenya bara baraa ni qaba, du'aa gara jireenyaatti deebi'a malee gara firdiitti hin seenu." Isin gatuu hin danda'u. Isin sana booda...

"Inni waaqayyoon dhalate, sanyiin waaqayyoo isa keessatti waan hafuuf cubbuu hin raawwatus cubbamuus hin danda'u." kennaan cubbuu osoo isaaf jiruu akkamitti cubbamu danda'aa?

Fayyummaan osoo jiruu akkamitti dhukkubsachuu danda'aa? Ijaan argaa osoo jiruu akkamitti ija jaamuu danda'aa? Oh, yaa waaqayyoo, Yeroo tokkoon akkamitti gamoo kana keessaa fi alatti argamuu danda'aa? Nama dhugee machaayee fi hin machoofne akkamitti yeroo tokkon ta'uu danda'aa? Hin danda'amu.

38 Yeroo fayyitan, cubbuun keessan isin irraa ka'ee jira, cubbuun raawwatanis irraanfataamaa dha. Daawiti akkana hin jennee, "Namni cubbuu isaa waaqayyoo itti hin laakkofne kan eebifamee dha."? Waaqayyoo uumama Isaa irratti cubbuu hin katabu. Kun waan guddaa dha. Kunis dhadhaa aannan keessaa bahee miti. garuu inni kun macaafa qulqulluu dha. Qulqullaa'ota irratti waaqayyo cubbuu hin katabu.

"Waaqayyo," eebba Isaatiin, murtii Isaa duraatiin, "eenyullee akka hin banne fedhuunii fi hundinuu cubbuu isaanii akka himatan gochuu dha." Garuu Inni dhuma kan hin qabne ta'uun, eenyu gara Isaa akka dhufuu fi hin dhufne ni beekuun, wanta hundaa akkaataa fedha Isaatiin akka raawwatamu gochuu ni danda'a. Kna gochuu kan hin dandeenye yoo ta'e maaliif cubbuun akka jiraatu eeyyame? Inni fayyisaa ta'ee osoo jiruu...Cubbamaan jiraachuu osoo baatee, Inni gonkumaa fayyisaa ta'uu hin danda'u ture; ibsitoonni Isaa, Wanti Isa keessa ture, bahee mul'achuu hin danda'u ture.

39 Haala akkamiitiin Inni fayyisaa ta'uu danda'ee? Dhukkubni akka jiraatu gochuudhaan fayyisummaan Isaa akka beekamu taasise. Inni fayyisaa ture. Inni sirimaayyuu akkamitti beekkamu danda'ee? Wantoonni Inni ittiin beekkamu haala kamiin hojii isaanii raawwachuu danda'anii? dhukkubni gonkumaa iyyuu jiraachuu osoo baatee, Inni akkamitti fayyisaa ta'uu danda'a turee? dhibeen akka jiraatu eeyyamuun dirqama ture.

Gara warra Roomaa keessatti Daawiti, "namtichaan gowwaan, yommuu dhoqqeen lafaa ka'ee, hojjataa otteetin maal narraa hojjachuufi jedhee yommuu gaafatu, maal hojjachuu akka qabu eenyutu itti himuu danda'aa. waaqayyoo biyya misiraatti ulfina Isaa agarsiisuuf Farahoonota hin kaafnee? Eenyummaa Isaa mulisuuf Of jabeesse. Wanta hundaa kan fedhuu fi kan raawwatu isa osoo hin ta'in, Waaqayyoo dha kan ayyaanomsu."

Kanaafuu wanti gochuu dandeessan hin jiru. wanta raawwachuu dandeessan tokkos hin qabdan. Ayyaanomuu yoo ta'e, kenna bilisaas yoo ta'e wanti isin gochuu dandeessan hin jiru. Waaqayyoo isiniif laatee jira, kunis fedha waaqayyooti. Wanta waaqayyoo isiniif dursa murteesse dha.

40 Macaafni qulqulluun akka nuti, "gara ilmummaa waaqayyootti guddifachaan dursa uumamuu biyya lafaatiin dura murteeffamnee jira," jedha. yeroo waaqayyoo uumamuu

biyya lafaatiin dura eenyummaa Isaa nuuf mirkaneessuuf, yaada mataa ofii Isaatiin, yommuu hoolicha weeragu, nutis wajjumaan wareegmnee turre. Uumamuu biyya lafaatiin dura yeroo dhiigichi gara sammuu Isaa dhufetti, maqaan keessanii fi kan koo yaada guddaa Isaatiin macaaficha keessatti katabamee ture.

Inni dhuma hin qabu, Kan hin raawwanne yoo ta'e maaliif eeyyame? Fayyisaa fi cubbamaa irra isa kamtu cimaa dhaa?

41 Isa kamtu humna olaanaa qabaa? Inni cimaan dadhabaadhaaf eeyyamuu qaba, kanas ulfina Isaatiif jecha raawwata. Yeroo Luusifariin uumetti, inni seexana akka ta'u ni beeka ture. Inni Kiristoos fayyisaa ta'uu Isaa mul'isuuf uumamuun seexana barbaachisaa ture. Haala saniin raawwachuun Isaa barbaachisaa ture.

Macaafni qulqulluun, "Isaan waaqayyoon jaalataniif wanti hundi gaarummaaf" hin jedhuu? [Waaqeffattoonni, "Ameen" jedhan." kanaaf maaltu isin sodaachisaa?

Mee onnee keenya guutuun olkaane,

adda kamiyyuuf haa sochoonu.

Akka horii dukkanaa ofamutti gara hundaa hin deemnu.

Goota ta'aa!

Ani kana jaaladha. Ka'aa!

42 Walaloon xinnoo yeroo ani daa'ima ta'etti baay'ee na gargaaraa turte jirti. Nantichaan Kabajamaan Roomaa tokkotu ture,

Bara Impaayera Roomaa keessatti;

Isajabina hoji hin qabne.

Inni human guddaa qabu dubbachuun dura

bulchaan gamoo dubbachuun dura.

"Oh, muka xidiiakkasii keessatti gaarii dha."

Kan isasochoosu tokkos hin jiru.

"Oh, miti", jedhe gooftichi.

kara ittiin bahu anuunan barbaada jedhe.

Haaluma kana dhimmichi. Kun dhugaa dh.

43 Iddoo kan geessanii jirtu macaafni qulqulluun Yesuus Kiristoos Kaleessas, har'as borus sanuma jedha... Gooftaan isin haa eebbisu. Taa'uu ni dandeessu. Ilmi koo ganama kana hirribaa ka'ee akkana naan jedhe, "Daaddaa, waldaa keenya ijaaruu eegaluun dura is asana osoo daawwannee nan hawwa, iddoo baay'ee nama hawatuudha." Akkasuumas waayee... "hanga ammaatti tajaajilaa waldichaa hin argine, garuu akkuma haadha manaa isaa nama gaarii ta'e, dhugumatti nama gaarii dha jedhaa? ciminaan qabadhaa!

Guyyaa guyyaan hojii keessan haala klamiin sakattaatu?

Hojii haarawa argattan ni sodaattu?

Hojii fuuldura keessan jiruuf haala gaariin qophooftanii?

Dadhabbiin isinitti dhagahamee, smmuun keessan duwwaa ta'ee jiraa? [wanta akkasii ani nan jibba.]

Yookaan immoo hojii itti aanuuf qophooftanii jirtuu?

Yookaan immoo dhimmi hojii isin sodaachisaa jiraa?

Akkas yoo ta'e, gochuu ni danda'a jechuun kan nitti aanuuf qophaa'aa.

Itti jabaadhaa. dhugaadhummatti. Onne keessaniin kaayyoffadhaa, akkauma Daani'eelitti. Waaqayyo wajjiin ta'aa.

44 "Yeroo baayee dhufaatii kootiin? haala kamiin raawwatamee? dura waayee sana akka raawwatan nan beeka? Kanaafuu, dhugaadhummatti yeroo tajaajilaa guddaa akka dabarsinu nan abdadha? Gaheen koo kan asiis kan akka nannaana'uu gara gara qunnamuu? ibsa kenni mee? akkasumasnamoota wajjiin waldaa hirmaachuu, (waaqayyo akka nu dandeessisu kadhachuu?) sana booda immoo gara walgahii tajaajila guddaa

Ramadaanaa ni deemna.

45 Amma macaafa qulqulluu seers uumamaa boqonnaa 3ffaa akka naaf bantan nan barbaada. Akkasumas yeroo baayee ani...namoonni hundinuu ni beekuu hangas muluullee lallabaa akka hin taane, ani akkuma goommaa jijjirraati. Garuu tajaajilli koo inni gudaan namoota dhukkubsataniif kadhachuu dha. Meeqa keessantu Seera uumamaa jechuun "jalqaba" jechuu akka ta'e kan beektan.

Nuti waldaan Kaatolikaa Jalqaba irratti Baabiloon, Nimrood Kan danda'amu yoo yeroo iddoo argannutti, asumatti, kaardii seensaa kennaa haala saniin namoota keessumeessina. garuu walgahii waaree. Namoota meeqatu seenaa Hisloopsiin barreesse "Baabiloon lama kan dubbise?" wanta galgala kana hin arganne akka yaadannootti yeroo itti aanuuf qabachuun, iddoo wayiitti waayee sana yommuu kaafnu, namoota rakkoo sana qaban wajjin, kara sanaan namoota wajjiin galgala galgala yeroo hundaa haasawa ni godha...wanti filatamaan ani raawachuu danda'u...kabajaa fi ulfina Goofyesuus Kiristoosii fi kan hundi keenya itti amanee fi jaalanee wajjiin walgahii gaggeessaa jirruuf. Gaarii dha.

46 Mee amma Seera uumamaa keessaa haa dubbisnuu.

Bineensa bakkee waaqayyo Gooftaan uume hundumaa keessaa bofni caalaa haxxee ture; innis dubartiidhaan dhuguma waaqayyoo ija mukeetti iddoo Dhaaba kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatinaa isiniin jedhee?

Dubartittiin immoo bofichaan nuyi ija mukkeetti iddoo dhaaba kana keessa jiran irraa nyaachuu ni dandeenya.

Garoo muka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa waaqayyo Ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hin bu'inaa, kanaa achi ni duutu jedheera jettee.

Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan hin duutan. Isin ija mukaa irraa yoo nyaattan, ijji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii keessan beekuudhaanis akka waaqayyoo akka isin taatan waaqayyo ni beeka.

47 Ilaalaa, Daqiidaa hundaa waaqayyoon tajaajiluu qabna macaafni qulqulluun? "Hin beeknu yeroo kam-wantoonni kunniin yeroo kam akka raawwataman hin beeknu?" miti kabajamoo. sagantaa waaqayyotu nuuf baase,

Dubartittiinis ijji mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatii kan talu, ogeessaa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argite, Ija isaa irraa kutattee ni nyaate, abbaa manaa ishee isa ishee wajjin tureefis ni laate, innis ni nyaate.

Yommuu lamaanuu ijji isaanii ni baname, qullaa ta'uu isaaniis ni beekan,

kana irratti isaan baala harbuu walitti hulluqsisanii marxoo isaa hojjatatan.

48 Daqiiqaa muraasaaf iddoo kanatti dhaabu ni barbaada. yeroo yookaan daqiiqa kama akka waamamnu waan hin beekneef sana boodas gara iddoo balaa, gadadoo hin qabnetti ni deemna. Ammaa nuti...waada keessattii iddoon akkasii jiraachuu isaatiif baayee gammanna.

Amma, ganama kana gaaddiduuwan hundi diraamaadhaan agarsiisuu, macaafa qulqulluu keessatti, yeoo waaqayyoo biyya lafaa uumutti, gaasota yeroo uumutti, sana booda immoo gaasonno Kaalsiyeemii fi Potaashiyeemii ta'an. Inni qaama keessanm ijaaraa ture. Inni ijaarsa ijaara ture, akkuma ijaartuu ijaarsa guddaatti, akkuma kontraaktariin tokko mana tokko ijaaruuf meeshaalee qopheeffatutti. Innis Qaama keessan ijaaraa turee jira. Sammuu Isaa keessatti wanta ta'uuf jiru sirriidhumatti ni beeka.

Harki kun, adeemsa jijjiramaa waaqayyoo isa dhugaatti nan amana, garuu dhalli namaa hundi seelii tokko irraa uumame kan jedhutti hin amanu. Amma ani kan amanu...waaqayyoo raacha uume, itti aanee qurxummii uume, itti aansees wanta biraa uume. kana malees...walhoruun nan amana, seelii tokkoon osoo hin ta'in yeroo hundaa seelota gara garaa irraa. Waaqayyo sana ni uume. Innis haala sagantaa Isaatiini fi ashaaraa isaatiin hundeesse.

Amma yeroo Inni biyya lafaa uumuuf dhaqetti, Inni nama uume, namtichaan inni uume immoo isa hin fakkatu ture.

